

**A WORKSHEET PREPARED TO HELP
THE 2020 OROMIA CTE GRADUATES
AND THOSE WHO RE-TAKE THE
PROFESSIONAL COMPETENCY
ASSURANCE TEST IN
SUPPLEMENTING THE ANNUAL
WORK INTERRUPTED DUE TO COVID-
19**



Biiroo Barnoota Oromiyaa



Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Eebila 2012

Finfinnee

**Gaaffii Shaakallii Sagantaa Dippilomaan Eebbifamtoota KBB Bara 2012 fi
Kanneen Irra Deebiin Qorumsa Madaallii Gahumsa Ogummaa
Barsiisummaa Fudhataniif Qophaa'e**

**Gaaffii Shaakallii Akaakuu Barnoota Herregaa
Kutaa-I Gaaffilee Qabiyyee "Content"**


Gaaffilee armaan gadiitiif filannoowwan kennaman keessaa qubee deebii sirri ta'e qabate filadhu.

1. Amalli qooyyabaa hima wal-qixa $a + (b+c) = (a+b) + c$ agarsiifame kami?
 - A. Amala jijjiirraa cuftuu (hammattuu) kan ida'uu
 - B. Amala jijjiirraa iddoo kan ida'uu
 - C. Amala raabsamaa
 - D. Amala of-taasisaa kan ida'uu

2. Ibsamni $15 - 5[3 + 7(-4)]$ yoo salphatu meeqa ta'a?
 - A. 125
 - B. -127
 - C. 140
 - D. -135

3. Yoo $n+8$ intijarii mangoos bakka bu'e, intijarii mangoos guddaan itti aanu kamiin bakka bu'a?
 - A. $n+10$
 - B. $n+9$
 - C. $n+7$
 - D. $n+6$

4. Barsiisaan fedhii yeroo boqonnaa barattootaa gola keessatti gaafatee firiin {deebiin} argate danaa armaan gadiitiin dhiyaate.



Yoo barattoonni 20 gola keessaatti argaman, barattoonni yeroo boqonnaa isaanii fedhii kitaaba dubbisuu hin qabne meeqa?

- A. 10
B. 11
C. 13
D. 15
5. Gatiin shamizii tokkoo osoo hir'inni gatii hin godhamin dura qarshii 80 ture, Yoo shamizichi hir'ina gatii 25% tiin gurgurame, gatiin gurgurtaa isaa meeqa?
A. 45
B. 50
C. .55
D. 60
6. Mindaan Jamiilaa akkuma baay'ina sa'aatii isheen hojjattuun kallattiin jijjiirama. Yoo mindaan ishee sa'aatii 5'f qarshii 85 ta'e, sa'aatii 30'f yoo hojjatte qarshii meeqatu kaffalamaaf?
A. 420
B. 480
C. 500
D. 510
7. Saffisni giirii akka baay'ina ilkaan isaatiin al-kallattiin jijjiirama. Yoo giiriin ilkaan 24 qabu Saffisa 45 marsaa./daqiiqaa naanna'e, giiriin ilkaan 36 qabu marsaa./daqiiqaa meeqa naanna'a?
A. 67.5
B. 30
C. 40
D. 4
8. Hirmaataan walii guddaan (HWG) lakkoofsota 990 fi 6600 meeqa?
A. 256
B. 280
C. 330
D. 34

9. Yoo baay'ataan lakkoofsota lamaa 2,250 ta'ee fi hirmaataan walii guddaan (HWG) isaanii 5 ta'e, hirmaan walii xiqqaan (HWX) isaanii meeqa ta'a?

A.145

C. 255

B. 450

D. 250

10. Kamtu galagaltoo hima wal-qixa $y=13x+2t$?

A. $y=2x+13$

C. $y = \frac{x-2}{13}$

B. $y=-13x-2$.

D. $y = \frac{x-13}{2}$

11. Kan armaan gadii keessaa kamtu Citaa tuuta $\{1, \{2\}, \{1,2\}\}$ hin taane?

A. $\{1\}$

C. $\{\{1, 2\}\}$

B. $\{2\}$

D. $\{1, \{1,2\}\}$

12.. Waajjiraalee 120 keessaa, 68 gaazexaa Addis Zemen'f kaffalu, 47 gaazexaa Etiyoophiyaan Heelaardi'f kaffalu fi 36 Etiyoophiyaan Heelaardi qofaaf kaffalu. Kan armaan gadii keessaa lakkoofsa waajjiraalee gaazexaa kamiifuu hin kaffalle kami?

A.12

C. 16

B. 15

D. 18

13.. Yoo $2x+5=-25$ fi $-3m-6=48$ ta'e, baay'ataan x fi m meeqa ta'a?

A. -270

C. -324

B. -33

D. 270

14. Hawwaa fi Saaraan kaafteeriyaatti laaqana nyaatan. Hawwaan 'hanqaaquu' 3 fi 'daabboo' 2 ajajatte. Saaraan immoo 'hanqaaquu' 2 fi 'daabboo' 3 ajajatte. Nagaheen Hawwaa qarshii 6, fi kan Saaraa immoo qarshii 5.25 ture. Kan armaan gadii keessaa gatii (qarshiin) 'hanqaaquu' tokkoo kan ta'e kami?

A. 1.5

C. 3.5

B. 2.0

D. 4.0

15. Gatii m hima wal qixa armaan gadii dhugoomsu kami?

$$\frac{m}{3} + \frac{3(m-1)}{2} = 2(m-3)$$

A. 6.5

C. 8.5

B. 27

D. 9.0

16. Sararri wal- tarree sarara $y - 2x = 4$ ta'e kami?

A. $y = 2x+6$

C. $y = -2x + 4$

B. $y = 4x-2$

D. $y = x + 4$

17. Himni wal-qixa sarara qajeelaa tuqaa $(-2, 7)$ keessa darbee siiqqee x'f perpedikulaarii ta'u kami?

A. $X=-2$

C. $Y = -7$

B. $X = 2$

D. $Y = 7$

18. Safarri tokkoo tokkoo kofa alaa rog- baay'ee sirnaawaaabbaa rogoota 18 ti digirii meeqa?

A.18

C.90

B. 20

D.16

19. Yoo $\tan\theta=2.7$ fi $\csc\theta<0$ ta' e, θ ' n qarxii kami keessatti argama?


A. Qarxii 1ffaa

C. Qarxii 2ffaa

B. Qarxii 3ffaa

D. Qarxii 4ffaa

20. Fakkii armaan gadii irratti sararri dhaabbataan \overline{BD} fi \overline{AE} tuqaa C irratti wal qaxxaamuru, Kofti B fi kofti D koofta sirrii dha, $BC=3$, $AB= 4$, fi $CE = 15$. Dheerinni \overline{ED} meeqa?



A. 5

C. 9

B. 8

D. 1

21. Safarri tokkoon tokkoo kofoota keessaa rog-baay'ee sirnaawaa 135° yoo ta'e rog-baay'ichi _____ dha.

A. Heksaagoonii

C. Deekaagoonii

B. Pentaagoonii

D. Oktaagoonii

22. Dheerinni rogoota rog-sadee yuuniti 4,5 fi 8 dha. Yoo rogni dheeraa rog-sadee wal-fakkaataa yuunitii 22 ta'e, dheerinni roga gabaabaa rog-sadee kanaa yuunitii meeqa?

A. 8

C. 10

B. 9

D. 11

23. Qabeen taankarii hundee reektaangulaawaa $3,360\text{cm}^3$ dha. Dheerinnii fi dalgeen taankarii kanaa walduraa duubaan 14 cm fi 12 cm dha. Hojjaa taankarii cm meeqa ta'a?

A. 17 cm

C. 20 cm

B. 18 cm

D. 2 cm

24. Daayii tokkoo fi saantimni tokko al tokko furursinee carraan mataa (H) fi lakkoofsa guutuu argachuu hagami?

A. $\frac{1}{12}$

C. $\frac{1}{4}$

B. $\frac{1}{6}$

D. $\frac{1}{2}$

25. Kan armaan gadii keessaa safartuu handhuuraa ta'uu kan hin dandeenye kami?

A. Gatii gidduu

C. Gatii giddu gala artimeetikii

B. Gatii marmartuu

D. Reenjii

26. Lakkoofsonni 14, 16, 18 fi y gatii giddu gala artimeetikii 16 yoo qabaatan, gatii y meeqa?

A. 11

C. 15

B. 13

D. 16

27. Gatiin gidduu $x - 4$, x , $2x$ fi $2x + 12$ yoo 9 ta'e, $x \in \mathbb{Z}^+$, gatiin x meeqa?

A. 6

C. 8

B. 12

D. 9

28. Qormaata barattoota 56'n fudhatameen, qabxiin (firiin) 84 parsantaayilii 75ffaa dha. Barattoota meeqatu qabxii (firii) ≤ 84 argatan?

- A. 36
B. 38
C. 42
D. 46

29. Carraan Muddee 2, 2019 roobuu 0.7 yoo ta'e carraan guyyaa jedhame kanatti hin roobnee hagami?

- A. 0.7
B. 0.1
C. 0.2
D. 0

30. Citaan tuutaa, tuuta ta'iinsa yaalii tokkoo maal jedhama?

- A. Tuuta ta'iinsaa
B. Firii (bu'aa) yaalii
C. Carraa
D. Yaali

31. Waggaa 18'n dura umuriin abbaa umurii mucaa isaa dachaa sadi ture. Yeroo ammaatti umuriin abbaa dachaa lama umurii mucaa isaati. Umuriin mucaa waggaa lamaan booda meeqa ta'a?

- A. 18
B. 36
C. 38
D. 72

32. Kitaabonni gatiin isaanii walqixaa 6 qarshii 36 yoo ta'e kitaabonni akkasii 9 gatiin isaanii qarshii meeqa ta'a?

- A. 72
B. 54
C. 60
D. 44

33. Barattoota 60 daree tokko keessa jiran keessaa 19 qorumsa Afaan Oromoo kan fudhatan yoo ta'u 11 ammoo Afaan Oromoo fudhatanii Herrega hin fudhanne. Baay'inni barattootaa Afaan oromoo fi Herrega fudhatanii meeqa?

- A. 8
B. 30
C. 19
D. 49

34. Faankishinoota armaan gadii keessaa kan galagaltoon isaa faankishinii ta'e kami?

- A. $f(x) = x^2 + 1$
B. $h(x) = 2x^2 + 5x - 6$
C. $g(x) = -11x - 51$
D. $k(x) = x^4 + 16$

35. Lakkoofsotni sadii reeshoo 1:2:3 fi HWG isaanii ammoo 12 yoo ta'e lakkoofsotni kun kami ta'u?

A. 4, 8, 12

C. 12, 24, 36

B. 10, 20, 30

D. 5, 10, 15

36. Himoota armaan gadii keessa kan dhugaa hin taane isa kami?

A. Rogoonni fuullee rektaangilii waltarree fi walitti galoodha.

B. Sarbiiwwan roombasii kofa keessa darban walqixatti hiru.

C. Iskuweeriin kamiyyuu roombasii dha.

D. Kuwaadiraalatiraaliin kamiyyuu paralelloogiraamii dha

37. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu rog-baay'ee ta'uu hin dandeenye?

A. Rog-sadee ayisoosilesii

C. Danaa roгаа dhibbaa

B. Rog-kurnee

D. Geengoo

38. Xaasaan dhugaatii ta'e qabu tokko olee 21cm fi diyaameetirii 8cm yoo qabaate, qabeen xaasaa kanaa hagam?

A. $168\pi\text{cm}^2$

C. $336\pi\text{cm}^2$

B. $200\pi\text{cm}^2$

D. $1428\pi\text{cm}^2$

39. Himoota armaan gadii keessaa kan yeroo hunda dhugaa ta'e kami?

A. Tuuta daataa kenname kamiifuu gatii marmaartuu argachuun ni danda'ama.

B. Tuutni daataa kenname tokko gatii giddu galaa tokkoo ol qabaachuu ni danda'a.

C. Tuuta daataa kenname kamiyyuu keessatti gatiin marmaartuu tokko qofa dha.

D. Tuuta daataa tokkoof ida'amni maqiinsota gatiiwwan gatii giddu gala artimeetikii irraa qaban zeeroo ta'a.

40. Mee ΔABC fi ΔLMN rog-sadoota walfakkaatoo haa ta'an. Dheerinni roгаа ΔABC kan walitti dhufoo isaa roгаа ΔLMN dachaa shan yoo ta'e reeshoon naannawaa ΔLMN gara ΔABC meeqa ta'a?

A. 5:1

C. 1:5

B. 25:1

D. 1:25

41. Fageenyi tuqaa (3,-4) fi siiqqee X gidduu jiru meeqa?
 A. 3
 B. 4
 C. 5
 D. -4
42. Mukni dheerina 10m qabu tokko fiixee utubaa bilbilaatti hirkachuun lafa waliin kofa 60° uume jira. Dheerinni utubaa bilbilichaa meeqa?
 A. 5m
 B. $20\sqrt{3}$ m
 C. $5\sqrt{3}$ m
 D. $10\sqrt{3}$
43. Ibsamni, $\cot^2\theta(\tan^2\theta + \tan^4\theta)$, yeroo salphatu kanneen armaan gadii keessa kami ta'a?
 A. $\csc^2\theta$
 B. $\sec^2\theta$
 C. $\sec\theta\cot\theta$
 D. $\csc\theta\sec\theta$
44. Qabeen piriizimiii rog-sadawaa hundeen isaa rog-sadee kofa sirrii dheerinni miilota isaa 6cm fi 8cm fi oleen piriizimichaa 10cm ta'e hammam ta'a?
 A. 480m^3
 B. 240m^3
 C. 380m^3
 D. 288m^3
45. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamitu amala tuuta lakkoofsa hundaa ti?
 A. 1 miseensa of taasisaa hundaa ti.
 B. 1 malee lakkoofsi hundaa galagaltoo baay'isuu qabu hinjiru.
 C. 0'n miseensa of taasisaa baay'isuu ti'.
 D. Lakkoofsa hundaa x kamiifuu lakkoofsa hundaa kan ta'e y'n ni jira akka $x+y=0$
46. Yoo k'n lakkoofsa hundaa ta'ee $3 < k < 7$ kanneen armaan gadii keessaa gatii k ta'uu kan hin dandeenye kami?
 A. 3
 B. 4
 C. 5
 D. 6
47. Hojii sa'aatii 8tiif qarshii 75 yoo argatte torbanitti sa'aatii 48 yoo hojjette kafaltiin kee kan torbee meeqa?
 A. qarshii 450
 B. qarshii 600
 C. qarshii 560
 D. qarshii 500

48. Daldalaan tokko juusii kuusaa saanduqa 96 of keessaa qabu keessaa baasee saanduqa 24 gurgure. Juusii kuufame keessaa dhibbantaa meeqatu gurgurame?

A. 15%

C. 25%

B. 20%

D. 30%

49 Barsiisaan 10%, 30% fi 60% tartiibaan battallee, qorumsa giddugaleessaa fi qorumsa xumura semesteraatiin qabuuf murteesse. Barataan battallee, qorumsa giddugaleess fi qorumsa xumura semesteraa irratti tartiibaan 60, 70 fi 75 yoo galmeessise qabxiin barataa kanaa:

A. 68.3

C. 72

B. 70

D. 65

50 .Lakkoofsota intijerii x , y , z fi k kamiifuu, $x > y$ fi $y > z$ yoo ta'an, isa kamitu yeroo hunda sirrii dha?

A. $k < z$

C. $kx < ky$

B. $kx > kz$

D. $x + k > z + k$

51. Lakkoofsota lakkaawwii m fi n yoo $m > n$ fi m^n yammuu hiramuu n^f , r^n haftee fi q^n gahee yoo ta'an isa kamitu yeroo hunda sirrii miti?

A. $r = 0$

C. $q > n$

B. $r > n$

D. $q < m$

52. Mee x fi y 'n lakkoofsota hundaa lama ta'anii 2 hirmaataa x fi y 'n baay'ataa 3 yoo ta'an, isa kamitu yeroo mara sirrii dha?

A. $x + y$ baay'ataa 6 ti

C. 2 hirmaataa $x - y$ ti

B. 6 hirmaataa xy ti.

D. 3 hirmaataa $x + y$ ti

53 .Maxxantuun dursituu fankishinii polinoomiyaalii, $f(x) = 2x^3 + x^2 - 3x^2 + 4x - 6$

A. 2

C. 1

B. -3

D. -6

54. Tuutni furmaataa hima walcaalmaa $2+2x \leq 5x + 8 \leq 2x + 14$, mandhee tuutaa intijerii irratti,

A. $\{x \in \mathbb{R}: -2 \leq x \leq 2\}$

C. $\{-2, -1, 0, 1, 2\}$

B. $\{-1, 0, 1\}$

D. $\{\}$

55. Yoo sararri L1: $y = ax + b$ fi sararri L2: $y = 2x + 3y = 12$ waliin Parpeendikulaarii ta'ee fi tuqaa (2, 3) keessa darba yoo ta'e gatiin b meeqa ta'a?

A. -6

C. 3

B. 0

D. 12

56. Tuuta miseensota 5 qabuuf baay'inni cita sirrii tuutaa meeqa?

A. 32

C. 16

B. 2^n

D. 31

57. Ida'amni lakkoofsota intijerii mango walitti aanan lamaa 16 yoo ta'e, kanneen armaan gadii keessaa waa'ee lakkoofsota lamaanii sirrii kan hin ta'in isa kami?

A. Ida'amni iskuweerota lakkoofsota tokkoo tokkoo 130

B. Caalmaan iskuweerota lakkoofsota tokkoo tokkoo 32

C. Ida'amni lakkoofsa xiqqicha si'a lamaa fi lakkoofsa guddichaa 25

D. Baay'ataan lakkoofsota lamaanii 63

58. Mee A fi B'n tuutota lama yoo ta'an, kanneen armaan gadii keessaa kamitu hariiroo sirrii miti?

A. A'n cita tuutaa B fi B'n cita tuutaa A yoo ta'e, $A = B$

B. Caalmaan A fi B tuuta duwwaa yoo ta'e, A'n cita tuutaa B ta'a.

C. $A \cup B = A \cap B$ yoo ta'e, A'n cita sirrii B ti.

D. Tuutni kamiyyuu cita tuutaa mataa isaa ti.

59. Mee $f(x) = 2x^2 - 1$ yoo ta'e, waa'ee $f(x)$ soba kan ta'e isa kami?

A. $f(-1) = 1$

B. $f(x)$ fankishinii guutuu dha

C. $f(x)$ fankishinii mango dha

D. $f(x) = f(-x)$

60. Mee θ 'n kofa pozatiivii qarxii sadaffaa keessatti argamu haa ta'u. Kanneen armaan gadii keessaa hariiroo sirrii kan ta'e isa kami?

A. $\sin \theta = \sin(270^\circ - \theta)$

B. $\cos \theta = -\cos(270^\circ - \theta)$

C. $\sin \theta = -\sin(\theta - 180^\circ)$

D. $\cos \theta = \cos(\theta - 180^\circ)$

61. Dhuqunqulli qabeen isaa $36\pi\text{cm}^3$ ta'ee bal'inni dirra cinaacha isaa meeqa ta'a?

A. $36\pi\text{cm}^2$

C. $27\pi\text{cm}^2$

B. $9\pi\text{cm}^2$

D. $18\pi\text{cm}^2$

62. Waa'ee rog afrootaa yeroo hunda sirrii kan ta'e isa kami?

A. Reektaangiloonni hundi walfakkaatoo dha.

B. Iskuweeriin hund walittigaloo dha.

C. Reektaangiliin kamiyyuu paraleeloogiraamii dha.

D. Paraleeloogiraamiin roombasii dha

63. Naannawinnii fi bal'inni iskuweerii tokkoo lakkoofsaan walqixa yoo ta'e dheerinni roga iskuweerii kanaa hammam ta'a?

A. 12 cm

C. 4 cm

B. 8 cm

D. 16 cm

64. Safarri tokkoo tokkoo kofa rog-baay'ee konveeksii sirnaawaa tokkoo 144^0 dha. Rog-baay'een kun baay'ina rogootaa meeqa qaba?

8

C.10

9

D. 11

65. Mee P_1 fi P_2 rog-baay'ee konveeksii lama yoo ta'an kanneen armaan gadii keessaa himama dhugaa kan ta'e isa kami?

A. P_1 fi P_2 walfakkaatoo yoo ta'an rog-baay'ee walitti galoo dha.

B. P_1 fi P_2 walittigaloo yoo ta'an rog-baay'ee walfakkaatoo dha.

C. Bal'inni P_1 fi P_2 walqixa yoo ta'an rog-baay'ee walittigaloo dha.

D. Hunduu deebii dha.

66. Dhundhulli sarara tuqaalee $P_1(a,b)$ fi $P_2(b,a)$ keessa darbuu:

A.-1

C. b -a

B. 0

D. hiika hinqabu

67. Carraan barattoota firiin gatii gidduutii gadi galmeessisanii filachuu:

A. 0.5

C. 0.2

B. 0.3

D. 0.6

68. Sababa sirreeffamaatiin qabxiin barattoota tokkoo tokkoo 2'n yoo dabale gatiin giddugala daataa haaraa meeqa ta'a?

A. 7.7

C. 7

B. 7.5

D. 7.3

69. Gatii giddugala daataa dheedhee 6, 8, 7, 5, 8, 9, k, 6 yoo ta'e marmaartuun meeqa ta'a?

6

C. 8

7

D. marmaartuu hinqa

70. Tuuta cimdii tartii kamtu fankishinii ta'a?

A. $\{(0,4),(2,4),(2,5),(3,1)\}$

C. $\{(4,1),(6,2),(4,0)\}$

B. $\{(6,0),(5,0),(4,0),(3,0)\}$

D. $\{(0,4),(1,4),(0,5),(1,5)\}$

Kutaa- II. Gaaffilee Mala baruu-barsiisuu (Peedaagojii)

Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhuu qubee deebii sirrii qabate waraqaa deebii irratti barreessi.

71. Tuuta jechootaa kamtu barattoonni odeeffannoo akka adeemsisan gaafata?

A. Gargar baasi, tarreessi

C. Dorgomsii, walbira qabii madaali

B. Hojiirra oolchi, guuti

D. Tilmaami, mal-dhahi

72. Maateeriyaaliin baruu- barsiisuu dirqama kamiin walqabachuu qaba?

A. Qajeelcha koorsii

C. Sadarkaa barattootaa

B. Sirna barnootaa

D. Tooftaa barsiisuu

73. Kanneen armaan gadii keessaa tokko xiinsammuu piriinsipilii barsiisuu miti?

A. Qabatama irraa gara walxaxaatti adeemuu

B. Walxaxaa irraa gara salphaatti adeemuu

C. Waan beekamu irraa gara waan hinbeekamneetti adeemuu

D. Salphaa irraa gara ulfaataatti adeemuu

74. Amalli dhuunfaa fi karaa mijataan walittiqabuu, hiikuu, qindeessuu fi waa'ee yaaduu odeeffannoo kan ilaallatu:

- A. Kaayyoo barachuu
B. Kaayyoo barsiisuu
C. Karaalee (styles) ittiin barsiisan
D. Karaalee (styles) ittiin baratan

75. Kanneen armaan gadii keessaa tokko daree si'aayinaan barachuu keessatti gahee barsiisaa herregaa miti.

- A. Gochaalee adda addaa erga barattootaaf kenneen booda barattoota gargaaruu fi Supparvaayiz godhuu
B. Naannoo baruu fi yaaduu daree barumsaa keessatti uumuu
C. Deebii gaarii fi xaarii barattootaaf galata galchuu yookiin dinqisiifachuu
D. Yaadannoo barreessuu

76. Barsiisuu keessatti tarkaanfii barbaachisaan jalqabaa:

- A. Mataduree yookiin gosa barumsaaf karoofachuu
B. Gosa barumsaaf dandeettii barattoonni dura qaban qindeessuu
C. Maateeriyaalii barsiifamu qindeeffachuu
D. Dandeettii barattoonni dura qaban beekuu

77. Barsiisaan meeshaalee deggersa barnootaa kan itti fayyadamuuf:

- A. Barsiisuu gammachiisaa taasisuuf
B. Barsiisuu sadarkaa hubannaa barattootaatiin raawwachuuf
C. Barattoota qalbii isaanii harkisuuf
D. Waa'ee faayidaa isaa

78. Afaan kompiitaraa kan irratti hundaa'u:

- A. Sirna lakkoofsaa irratti
B. Sirna mallattoo irratti
C. Sirna siriyaalii
D. Sirna koodingii

79. Yammuu od-ibsa sababii barattootni gaaffilee gaafatamaniif:

- A. Barattoonni od-ibsa haala gaariin dhaggeeffachuu yookiin dhiisuu isaanii Mirkaneeffachuuf
B. Barataa cimaan kam akka ta'e mirkaneeffachuuf
C. Barattoonni od-ibsa hubachuu fi dhiisuu isaanii adda baafachuuf
D. Barattoota gargaaruuf

85. Odeeffannoon iyyaafannaa barattootaa irraa argamu murtii barumsaa dabarsuuf odeeffannoo kennuuf garagara:

- A. Cimina, laafinaa fi fooyya'iinsa barattootaa hordofuu
- B. Sadarkaalee barsiisuu mijataa ta'an kennuu
- C. Barumsaa fi filannoo iddoo isaaniitiif barattoonii murtii odeeffannoo irratti hunda'e akka dabarsaniif gargaara
- D. Hunduu deebii dha

86. Haala haaraa keessatti dandeettiin beekumsatti fayyadamuu fi piroobileemii dura hinbeekamne furuun:

- A. Hubachuu
- B. Yaadachuu
- C. Beekuu
- D. Qaaccessuu

87. Baruu-barsiisuu daree keessaa deggaruuf yookiin fedhii barattootaa kakaasuuf maateeriyaalii barsiisaan itti fayyadamu maal jedhama?

- A. Mala barsiisuu
- B. Meeshaa barsiisuu
- C. Meeshaa deggersa barumsaa
- D. Barsiisuu dabalataa

88. Karoora barannoo qopheessuu keessatti, barannoo darbe yaadachiisuun kan shaakalamu qaama karoora barannoo kam keessatti?

- A. Dhiheessuu
- B. Madaaluu
- C. Seensa
- D. Cimsuu

89. Adeemsi waa'ee barachuu barattootaa odeeffannoo walittiqabuu fi waa'ee barachuu barattootaa tilmaama raawwachuuf ragaalee hiikuun:

- A. Barsiisuu fi barachuu
- B. Iyyaafannaa
- C. Kaardii gabaasaa
- D. Too'annaa maqaa

90. Tariibni sirriin murna beekumsaa ta'e:

- A. Beekumsa, hubannoo, hojiirra oolchuu, walittifiduu (synthesis), qaaccessuu, madaaluu
- B. Beekumsa, hojiirra oolchuu, hubannoo, madaaluu, qaaccessuu, walittifiduu (synthesis)
- C. Beekumsa, hubannoo, madaaluu, hojiirra oolchuu, walittifiduu (synthesis) qaaccessuu
- D. Beekumsa, hubannoo, hojiirra oolchuu, qaaccessuu, walittifiduu (synthesis), madaaluu

91. Barsiisaan tokko himama “Ida’amni lakkoofsota mangoos lamaa kamiyyuu lakkoofsa guutuu dha” jedhu bira gahuuf fakkeenya adda addaa fudhachuun yaada waliigalaa bira gahe. Barsiisaan kun mala kamitti fayyadame?

A. Mala didaaktiivii

C. Mala piroobleemii furuu

B. Mala indaaktiivii

D. Mala yaalii

92. Faayidaan meeshaaleen deggarsa barnootaa leecalloo naannoo irraa qophaa’u kan ammayyaa irratti qabu kana hin taane kami?

A. Sirrummaa isaa

C. Baasii salphaan argamuu isaa

B. Barataa hirmaachisuu isaa

D. Deebiin hin kennamne

93. Qaama karoora waggaa kan hin taane kami?

A. Qabiyyee

C. Tooftaalee iyyaafannaa

B. Kaayyoo gooree

D. Qoodama yeroo

94. Barattoota yaad-rimee qoyyaba baay’isuu yeroo jalqabaaf barsiisuu yoo barbaadde dandeettii bu’uuraa barattootni qabaachuu qaban isa kami?

A. Lakkoofsota lakkaa’uu danda’uu

B. Lakkoofsa guddaa irraa xiqqaa hir’isuu danda’uu

C. Lakkoofsota haftee malee hiruu danda’uu

D. Ida’uu lakkoofsotaa danda’uu

95. Barsiisaan tokko karoora barannoo qopheeffachuun dura gaaffilee of gaafachuu qabu keessaa tokko maalan barsiisa kan jedhuu dha. Kun kan agarsiisu kannen armaan gadii keessaa isa kami dha?

A. Tooftaa baruu barsiisuu

C. Mala baruu barsiisuu filachuu

B. Qabiyyee barsiisuu

D. Eenyummaa barataa adda baafachuu

96. _____ akkaataa gocha barsiisotni itti yaada isaanii qindeessuun waa’ee eenyuu, maalinni, fi akkaamittiin issan barsiisuu dha.

A. Karoorsuun

C. Barachuun

B. Madaaluun

D. Iyyaafannaan

97. Karoorri barnootaa gaariin kanneen armaan gadii keessaa tokko haammata.
- A. Kaayyoo biraghamu
 - B. Beekumsa duraabarbaada ykan bu' uureeffata
 - C. Mala madaallii fayyadamamuu qabu qaba.
 - D. Hunda.
98. Kaayyoon herregni akka barsiifamuu qabu barbaachiseef:
- A. Haamilee onnaachisuu fi aadaaf dha.
 - B. kaayyoo naamusaa eeguuf
 - C. kaayyoo qabatamaaf
 - D. hunduu deebiidha
99. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu dhugaa dha?
- A. Malli baruu barsiisuu kamiyyuu qabiyyee heerregaa kamiifuu mijataa dha.
 - B. Herregni daandii jijjiirama hiika ijaarsa waa'ee addunyaa ykn naannoo keenyaa waliin deemu dha.
 - C. Hammamiyyuu kutaa 5 fi kutaa 6 tti herrgaan cimaa ta'uun, namoota hundaaf beekamaa miti.
 - D. Gaaffiilee herregaa ciccimaa kan haala qabatamaa jireenya waliin hariiroo hinqabne baasuun ykn piroobleemootni fedhii herregaa barattootaa dabaluu.
100. Barsiisaan tokko barattoota isaa qabiyyee "walitti galummaa rog-sadoota lamaa" jedhu barsiisuuf barattoonni waraqaa muruun akka agarsiisan taasise, barattoonnis ni hojjetan, barsiisaan mala kamitti fayyadame?
- A. Mala rakkoo-hiikuu
 - B. Mala yaalii (gochaan agarsiisuu)
 - C. Mala ol-xiinxalaa
 - D. Piroojektii

Deebii Gaaffii Herregaa (1-100)

Lakk.	Deebii	Lakk.	Deebii	Lakk.	Deebii	Lakk.	Deebii
1	A	26	D	51	B	76	D
2	C	27	A	52	B	77	B
3	A	28	C	53	A	78	A
4	B	29	D	54	C	79	C
5	D	30	B	55	B	80	D
6	D	31	C	56	D	81	B
7	B	32	B	57	C	82	A
8	C	33	A	58	C	83	D
9	B	34	C	59	C	84	C
10	C	35	C	60	C	85	A
11	B	36	D	61	A	86	A
12	C	37	D	62	C	87	A
13	D	38	C	63	A	88	C
14	A	39	D	64	A	89	A
15	B	40	A	65	B	90	B
16	A	41	B	66	A	91	B
17	D	42	C	67	A	92	D
18	B	43	B	68	A	93	D
19	B	44	B	69	B	94	D
20	D	45	B	70	B	95	B
21	D	46	A	71	C	96	A
22	D	47	A	72	C	97	D
23	C	48	C	73	B	98	D
24	C	49	C	74	D	9	B
25	D	50	D	75	D	100	B